Manifesto Prague
uea Waldoota Esparantoo Addunyaa
Manifesto Prague
Manifeston Prague kan sochii Afaan Addunyaa Esparanto ti

Nuti miseensonni gutumaa Addunyaa, guddina Afaan Esparantof dhaabbannu, Manifesto kana mootummoota gugurdoo fi, ijaarsota saboota dhaabbii gaarii qaban hundaaf murtiilee cimaa ta'e kanaaf akka dhaabannu beeksisaa, dhaabbatootii fi namoonni hundi nu bira akka dhaabatanif, waan dhaabbannuuf kanas waliin bakkaan gahuuf waamicha goona.

„Esparanton", jaarraa tokkoo ol kantahuu kaasee, bara 1887, afaan hundumaa bukkeetti, deggertuu tahuudhaan, hiree isaa sirriitti eeggatee akka afaan addunyaa guutumaatti dhimma bahuudhaaf wal'qunnamtii namootaa daangaa biyyaa irra darbee ariifachiisuudhaaf waan'taeef, „Esparnto"n kan durattii caalaa tahee argameera. Afaanoota yartuudhaan guutummaa addunyaa walitti dhiheessun fi mala teknolojii haaraatti dhimma bahuunn qofa gahaa waan hintaanef, afaanni kuni akka gaariitti kayyoo waan armaa gaditti yaadaan kaawamee irratti hundeeffachuun barbaachisaa tahuuf akka jiru murtaahe.

1. Demokraasii.

Sirni wal'qunnamtii kamiyyuu yeroo dheeraa waan isaaf tolu qofa irratti yoo hundaahee argamee akka farra demokraasitti ilaalamuu qaba. „Esparanton „ akkuma afaan hedduu qajeeltootti sirraawee waan hinjirref, uummanni bal'aan afaan ittiin wal'qunnamu tahee argama.
As gubbaatti beeksisuu kan feenu, afaan tokko walqixxumaa dhabuun qixxee walqunnamuu dhabudhaan hanga sadarkaa addunyaa biratti, akka nama hundaa gahu beeksifnna.

2. Barnoota Marsaa addunyaa

Afaan saba tokkoo, aadaa isaa fi sabummaatti hidhata qaba. Fakeenyaaf: Mucaan afaan Englizii baratu, addaa, Giograafii fi sirnna polotiika saba afaan kana dubatuu barata. Kunis harkka caala Biyya Englizii fi biyya Amerikaat ilaala. Mucaan tokko afaan Esparanton yoo waa baratee, achumaanis daanggaa biyya isaa irra darbee bakka gahuu hundaatu biyyi inni itti bahuu, biyya isaa tahee argama.
Barnootni afaan kamiiniyyuu kennamu, ilaalcha naannoo biyya tokkotti hidhata. Nuti fi sochiin keenya kannirratti hundaawe, barnoota marsaa adduniyaa irratti.

3. Barnoota murteessaa.

Barattootni lakoobsi isaani xiqqaa tahe qofatu afaan barachuu irra jiru sana sriitti beeku. Karaa Esparanto barachuu hoo tahe garuu, manuma offittiyyuu barachuun nidanda'ama. Muuxannoo addaa addaa iraa akka bira gahametti, Afaan Esaranto dhaa afaanota biraa barachuuf nama gargaara jedhu. Afaan kuni, akka handhuura barnoota afaaniitti akka ilaalamuuf murtaahee jira.
As gubbaatti waanti nuti beeksisuu feenu, rakkooleen afaan uummata tokkoo qajeelfachuudhaa, bartoota hedduuf afaan lammataa kana biratti barachuuf rakina uumu. Sochiin keenya afaan tokko sirriti barachuudhaaf.

4. Afaan garaagaraa dhuunfachuu.

Hawaasni Esparanto addunyaa guutummatti kan beekame, guutumaa addunyaa fi walumaa galatti afaan gargaraa beekudhaani. Miseensi hawaasa kanaa yoo xiqqaatee afaan alagaa tokko beeku, walqunamti qabaachuu yaalii gochuu qaba. Akka kanaan namni tokko dandeettii afaan garagaraa akka argatu fi ilaalcha isaas akanuma akka bal'ifatu gargaara.

As gubbaatti kan mul'isuu feenu, afaan adda addaa kan dubbatani, xiqqaas guddaas tahe, carraa afaan biraa itti dabalani baratanu walqunnamtiin akka tolutti.
Sochiin keenya namni hundinuu carraa akkanaa akka argatu dha.

5. Haqa Afaanii.

Aangoo walqixummaa dhabuu irraa kan ka'e fi afaanota addunyaa giddutti argamu iraa kan ka'ee, afaan tokko tokko, tikaa fi tumssa gahaa waan hin qabneef, hacuuccaan itti hammaachuun nimala. Hawaasni Esparanto dubbatu, addunyaa guutummaa biratti, xiqqaa tahe guddaas, kan beekamee fi kan hinbeekamnes, bakka walqixeetti waliif galutu kaawamee jira. Haqootni afaan hundaaf dhaabbatan, itti gaafatamaa fi guddina isaanitti muka safaraa tahuu irra darbee, yeroo haalli dhibaan tokko argamu, furmaata argamsiisuuf murteesaadha. As gubbaati beeksisu kanfeenu, aangoo walqixxummaa afaanota addaa addaa gidduutti uumuudhaan, murtee adduniyaa addaa adda keessati akka beekame, walqixxeetti akka ilaalamanif dhaabanna.
Nutii, jerreen sochii walqixxummaa afaaniitiif dhaabannudha.

6. Afaan Addaa addaa jiraachuu isaa.

Mootumootni biyya tokko tokkoo, baay'ina afaanii biyya tokko keessatti argamu guddinaa fi walqunnamtii saba tokkoof akka waan gufuu taheetti rakkinaa isaa qofa argu. Hawaasa Esparanto tokko giddutti garuu, baay'inni afaanotaa akka burqaa badhaadhummaa ti. Waan hedduu keessaa akka baratanitti akka waan dhabamuu hinqabneetti ilaalama. Kunis kan inni agarsiisu, Biolojii keessatti sanyiin addaa addaa argamee akka jiru argamu waan gatiin isaa gudda fi ol'kawaa tahe of keessaa qaba. As keessatti waanti nuti beeksisuu feenu, walqunnamtii, imaammata fi guddina biyya tokkoo keesatti, afaanni hundinuu deggertii fi kabajaan ilaalamuu qaban.
Sochiin keenya afaanotni baay'inaan akka argaman deggerra.

7. Walabummaa dhala namaa.

Afaan hundinuu, jareen afaan sanatti dhimma bahan, bilisummaa kennaaf yokiin bakka tokkotti qabee saba biraatiin addaan isaan qooda, wluma qofa qunnammu. Uummata addunyaas karaa tokkoon wal'irraa fageesa. Akka as gubbaatti hubanutti, akka namni walqunnamu taasisa. "Esparanto"n projektii sirnaan qophaawee ka'ametti, walabummaa dhala namaa guddisuu fi dhalli namaa karaa kanaan qooda akka argatuuf hawaasa keessa jiru hundaaf akka ooluf, aadaa fi afaan isaaf/isee osoo hinxiqqeessin, akka beekamu gochisiisa.
As gubbaatti kan hubachiifnu, afaanonni saba tokkoo, waan addaan nama baasu balleesee walabummaan hirmachuuf, walqunnmtiin akka argamu taasisa Ijaarssi hundinuu qooda akka argatu gochuu dha. Sochiin nuti dhaabannuuf walabummaa dhala namaatiif.

Afrika Oficejo de UEA, BP 416, Lokossa-Mono, Respubliko Benino/République du Benin, tel: +229 22 41 02 29, Retadreso: **afrika.oficejo @ co.uea.org**.